# IBSA DHAQNA QABAA DUBARTII (FGM/C).

## DHAQNA-QABAAN MAAL?

Bara 2022 fooyya'iinsa tarsiimoo Ameerikaa haleellaa koorniyaa ittisuu fi deebii kennuuf akka aaddunyaatti, ministeerri dhimma alaa Dhaqna qabaa dubartii ykn qaama-saalaa dubartootaa muruu fi ciruu (FGM/C) jechuun adeemsa hunda qaama-saalaa dubartootaa isa alaa gartokkoon ykn guutummaaguututti balleessuu of-keessaa qabu, ykn kanneen biroo jechuun ibsa sababa yaalaan-ala ta'een qaama-saalaa dubartootaa miidhuu dha. Dhaqna-qabuun yeroo baay'ee shamarran xixiqqoo umriin isaanii daa'immanii fi dargaggummaa gidduutti argaman irratti darbee darbee immoo dubartoota ga'eessota irratti kan raawwatamu dha. Dhaqna-qabuun dhiittaa mirga namoomaa fi bifa haleellaa koorniyaa irratti hundaa'eedha. Gochi dhaqna-qabuu kun faayidaa fayyaa kan hin qabnee fi rakkoo fayyaa qaamaa fi sammuu yeroo gabaabaa fi dheeraa fiduu danda'a. Dhaqna-qabuun dubartootaa fi shamarran har'a lubbuun jiran miliyoona 200 ol akka miidhe tilmaamama. Sababoonni shaakala dhaqna-qabuu naannoo naannootti garaagarummaa kan qaban yoo ta'u wantoota aadaan wolitti makamaanii maatii fi hawaasa keessatti mul'atan kan dabalatuu dha.

## DHAQNA-QABUU FAYYAA IRRATTI DHIIBBAA AKKAMII FIDA?

Miidhaan fayyaa battalumatti dhufuu danda'an dhiiga baay'ee dhangala'uu, dhukkubbii cimaa, ho'a qaamaa, higaa-ol rifachuu fi yeroo tokko tokko du'a dabalatee ta'uu danda'a. Miidhaan fayyaa yeroo dheeraa keessatti mudatan infeekshinii finiicaanii ykn kan biroo, dhala-dhabuu, dhukkubbii yeroo laguu argan ykn yeroo wolqunnamtii saalaa raawwatan fi yaala baqaqsanii-hodhuu booda irra barbaachisuu dabalachuu danda'a. Dabalataanis, dubartoonni fi shamarran dhaqna-qabaman yeroo da'umsaa rakkoon isaan mudatu haalaan kan mul'atu yoo ta'u, sababa gocha kanaan kan ka'e carraan lubbuun-dhabuu daa'imman isaan dhalanii bal'aa dha.

## DHAQNA-QABUU IRRATTI ILAALCHI MOOTUMMAA AMEERIKAA QABU MAALI?

Gosa, sadarkaa, ykn cimina, ykn kakka'umsa dhaqna-qabuu raawwachuuf qaban, sababa aadaa, amantii ykn kan biraatiin yoo ta'elle Mootummaan Ameerikaa dhaqna-qabuu ni morma. Mootummaan Ameerikaa dhaqna-qabuu sarbama mirga namoomaatti, akkasumas gosa haleellaa koorniyaa fi miidhaa daa'immanii akka ta'etti ilaala.

## AMEERIKAAN MAALIIF BEEKSISA DHAQNA-QABUU KANA KENNAA JIRTI?

Fayyaa fi nageya eeguuf akkasumas mirga shamarranii fi dubartootaa akka aaddunyaatti tarkaanfachiisuuf Ameerikaan dhaqna-qabuu xumuruuf waadaa galtee jirti. Ameerikaan dhaqna-qabuu ittisuu fi deebii kennuuf akkasumas dhiibbaa hamaa, miidhaa dhaqna-qabuun dubartootaa fi shamarran irratti qabu irratti hubannoo uumuuf gargaaruun biyya keessaa fi alaa woliin hojjachaa jirti.

**DHAQNA-QABAA RAAWWACHUUN YKN GARGAARUUN BU'AA YAKKAA AKKAMII FIDA?**

Shamarree umuriin ishee waggaa 18 gadi taate irratti dhaqna-qabaa raawwachuun, raawwachuuf yaaluun ykn shira xaxuun ykn kaayyoo dhaqna-qabuuf jecha Ameerikaa irra gara biyya alatti erguun seera Ameerikaa (18 USC § 116) kan faallessudha. Akkasumas dhaqna-qabaaf haala mijeessuun ykn eeyyamuun maatii, ykn guddifattoottaa ykn kunuunsitootaa seer-malee dha. Seera kana cabsuun hidhaa hanga waggaa 10, adabbii maallaqaa ykn lamaan isaaniitiin nama adabsiisa. Sababa amantii, aadaa, sirna, duudhaa ykn shaakala adda addaa irraa kan ka'e namni dhaqna-qabaa raawwate itti gaafatamummaa jalaa bahu hin jiru. Dabalataanis, Kutaaleen biyya Ameerikaa 41 seera dhaqna-qabaa yakka taasisu kan qaban ta'ee, dhaqna-qabaan immoo gosa miidhaa daa'immanii kan uumu yoo ta'u, miidhaan daa'immaanii immoo kutaalee biyyaattii hunda keessatti dhorkaadha.

**SEERA DHAQNA-QABAA MORMU CABSUUN GODAANSA IRRATTI BU'AA AKKAMIIFAA FIDA**

Seerota dhoorkaa dhaqna-qabaa ilaalchisee bahan cabsuun – osoo yakkaan itti hin murtaa'inille – dhiibbaa godaansaa guddaa qabaachuu danda'a; dhiibbaan inni tokko Ameerikaatti akka hin fudhatamne ykn Ameerikaa akka baafamu dabalatee, akkasumas faayidaa godaansaa tokko tokko argachuuf ulaagaa guutuu akka hin qabne gochuu dabalata.

**DUBARTOONNII FI SHAMARRAN DHAQNA-QABAMAN SEERA KAMUU CABSANII JIRUU?**

Dubarri dhaqna-qabamte balleessaa hin qabdu. Hojimaata kana keessa darbuun isheetiin seera Ameerikaa kamiyyuu hin cabsine. Dubarri takka dhaqna-qabamuu ishee irraa kan ka'e dhiibbaan ulaagaa imalaa ykn faayidaa godaansaa gara Ameerikaa argachuu ishee irra gahu hin jiru. Dubarri dhaqna-qabamte takka tarii faayidaa imalaa murtaa'e argachuu waan dandeessuuf abookaatoo mirkanaa'e ykn bakka bu'aa seera-qabeessaan osoo mariisistee isaanirraa gaaffiiwwaan waa'ee carraalee filannoowwan godaansaa jiran hubachuu ni dendeessi.

**ODEEFFANNOO DABALATAA EESSA ARGACHUU DANDA'A?**

Balaa dhaqna-qabaatiif saaxilamee jirta jettee yoo amanta taate ykn dhaqna-qabattee jirta yoo taate, ykn waa'ee dhaqna-qabaa gaaffii yoo qabaatte, waa'ee nama Ameerikaa keessatti dhaqna-qabaa raawwachaa jiruu odeeffannoo yoo qabaatte, ykn nama Ameerikaa keessatti ykn Ameerikaan alatti adeemsa dhaqna-qabuu kanaaf saaxilame beektu taate, maaloo laakkofsa 800-225-5324 (FBI), 866-347-2423 (DHS ICE Qorannoowwan Nageenya Biyya keessaa), 800-4-A-Child (800-422- 4453), ykn marsariitii U.S. End FGM/C Network (endfgmnetwork.org ) qunnamuu dandeessu. Atin ykn lammii Ameerikaa biyya alaa balaa dhaqna-qabuutiif saaxilame taate ykn beekta taate, maaloo imbaasii ykn qoonsilaa Ameerikaa sitti dhihoo jiru ykn Ministeera Dhimma Alaa Ameerika, Waajjira Tajaajila Lammiilee Biyya Alaa laakkofsa (888) 407-4747 (Ameerikaa ykn Kaanaadaa irraa) or (202) 501-4444 (ala irraa) bilbiluun qunnamuu dandeessu. Odeefannoo dabalataaf, maaloo marsariitii kana https://www.uscis.gov/FGMC ilaalaa.